# Yaa gurbaa! ani jechoota wohiin si barsiisa: Rabbiin tiksi si tiksaa, Rabbiin tiksi fuuldura keetti argattaa, yeroo kadhatte Rabbiin kadhu, yeroo gargaarsifattes Rabbiin gargaarsifadhu

Abuu Abbaas, Abdullaah Ibnu Abbaas irraa akka odeeffametti –Rabbi isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: guyyaa wohii booda nabiyyiitti –Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- uddeelluu yaabbadhee osoon jiruu akkas jedhani: «Yaa gurbaa! ani jechoota wohiin si barsiisa: Rabbiin tiksi si tiksaa, Rabbiin tiksi fuuldura keetti argattaa, yeroo kadhatte Rabbiin kadhu, yeroo gargaarsifattes Rabbiin gargaarsifadhu, beeki: ummanni hundi waan tokkoon si fayyaduuf osoo walitti qabamanii, waan Rabbiin sila siif katabeen malee waan tokkooniyyuu si hin fayyadanu, akkasumas waan tokkoon si miidhuuf osoo walitti qabamanii, waan sila Rabbiin sitti barreesseen malee waan tokkooniyyuu si hin miidhanu, qalamoonni kaafaman, kitaabonnis qooran». Gabaasa Tirmiziitiin alatti: «Rabbiin tiksi fuuldura keetti argattaa, yeroo bal'inaa keessatti Rabbiin wol bari, yeroo dhiphinaa keessatti si beekaatii, beeki! wanti (qadaratti) si bira darbe tokko kan si mudatu hin taane, wanti si mudate immoo kan si bira darbu hin taane, beeki! tumsi obsaa waliini, furmaannis rakkoo waliini, jabina waliinis laafinaatu jira».
[sirrii] [رواه الترمذي وغيره]

Ibnu Abbaas -Rabbi isa irraa haa jaallatu- gurbaa xiqqaa nabiyyii waliin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- uddeelluu yaabbatu ture, Nabiyyiin -rahmannii fi nageenyi isaan irra haa jiraatu- ani wantoota Rabbiin ittiin si fayyadun si barsiisa isaan jedhaniin: Isaan buluu fi waan isatti si dhiheessu hojjachuu irratti si argee, badiiwwanii fi diliiwwan irratti akka si hin agarreef, ajajoota isaa tiksuun, dhoorgaawwan isaa irraa fagachuun, Rabbiin tiksi, sana yoo hojjatte, mindaan kee Rabbiin waan jibbamaa duniyaa fi Aakhiraa irraa si eegee, eessattuu yoo bobbaate immoo dirqamoota kee irratti siif tumsuu ta'a. Waan tokko gaafachuu yoo barbaadde, Rabbiin malee hin gaafatin, isuma qofatu gaafattootaaf deebii kenna waan ta'eef. Gargaarsas yoo barbaadde Rabbiin malee hin gargaarsifatin. Worri dachii hundi si fayyaduuf osoo walitti qabamanii, waan Rabbiin sila siif katabe malee faaydaan wohii akka siif hin taane mirkana ta'i, akkasumas worri dachii hundi si miidhuuf osoo walitti qabamanii, waan Rabbiin sila sirratti murteesse malee miidhaan kamuu akka si hin qaqqabnes mirkana ta'i. Dhimma kana Rabbiin akkaataa ogumnii fi beekumsi isaa dirqamsiisuun katabee jira, waan Rabbiin barreesseef immoo jijjiirraan hin jiru. Ajaja isaa tiksuu fi dhoorgaa isaa irraa fagaachuun nama Rabbiin tikse; Rabbiin ol ta'e fuuldura isaatti argama, waan inni irra jiru beeka waan ta'eef, isaaf tumsa isa gargaaras. ilmi namaa bal'ina keessatti Rabbiif yoo ajajame, Rabbiin immoo yeroo rakkinaa fi dhiphinaa keessatti furmaata

isaaf taasisa, ilmi namaa hunduu waan Rabbiin isaaf qoode, toltuus ta'ee hamtuu haa jaallatu. gabrichi rakkiinootaa fi qormaatoowwanii waliin obsa qabaachuu qaba, obsi furtuu furmaataati waan ta'eef jecha, rakkinni yeroo jabaate Rabbiin irraa furmaanni dhufa, jabinni wohii yeroo argame Rabbiin isa boodaa laafinti fida.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/66522